Dambii Lakkoofsa 227/2014

**Dambii Mana Mareefi Sekiretaariyaatii Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa Hundeessuuf Bahe**

Hojii misoomaa qonnaa akka Nannichaatti gaggeeffamuu deeggaruufi hojii tiraanisfoormeeshiinii qonnaa naannichaatti hojjetamu haala qindoomina qabuun gaggeessuuf qaama dhimma kana ol'aantumaan hoogganu hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014 keewwata 73 (1) tiin Dambiin kun bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun "**Dambii Hundeeffama Mana Mareefi Sekiretaariyaatii Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa, Lakkoofsa 227/2014**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keesstti:

   1) "**Dhaabbilee**" jechuun dhaabbilee mootummaa federaalaa, naannoo, yunivarsiitiiwwan, dhaabbilee mootummaa yookiin dhuunfaa hojiiwwan qorannoofi misooma qonnaa gaggeessuuf seeraan hundeeffamfan yookiin aangeffamaniidha.
   2) **"Inistiitiyuutii"** jechuun Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaati.
   3) **"Kilastara"** jechuun haala ikoloojii, gosa oomisha qonnaafi teessuma lafaa giddugaleessa taasisuun hojii tiraanisfoormeeshiinii qonnaa gaggeessuufi haala hojii qorannoofi misooma qonnaa qindeessuufi deeggaruu dandeessisuun qoodiinsa Godinaalee Naannichaa, dhaabbilee qorannoofi yunivarsiitiiwwan Naannicha keessatti argaman kan ittiin qoodamaniidha.
   4) **"Mana Maree"** jechuun namoota dhuunfaafi dhaabbilee adda addaa qorannoofi hojii misooma qonnaa irratti bobba'an irraa walitti dhufee kan hundeeffamu Mana Maree Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa jechuu dha.
   5) **"Mootummaa"** Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   6) "**Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.
   7) "**Pirezidaantii"** jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   8) "**Sekiretaariyaatii"** jechuun sekiretaariyaatii Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaati.

3. **Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. **Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun Naannicha keessatti dhaabbileefi namoota dhuunfaa hojii qorannoofi misooma qonnaa Naannichaa keessatti bobba'an hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. **Kaayyoo**

Dambichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Haala rakkoowwan sirnaa hojiiwwan misooma qonnaa adda itti bahaniifi yaadni furmaataa itti dhiyaatu uumuun qaamolee tiraanisfoormeeshiinii qonnaa Naannichaa keessatti gahee qaban adda baasuun jijiiramni caasaa itti fufiinsa qabu akka dhugoomu taasisuu;
2) Gaheefi walitti dhufeenyaa miseensota Mana Marichaa cimsuun bu'a qabeessummaan tiraanisfoormeeshiinii qonnaa Naannichaa akka cimu taasisuu;
3) Haala hojii tiraanisfoormeeshiinii misooma qonnaa Naannichaa irratti gorsi ogummaa itti kennamu mijeessuu;
4) Dhaabbilee adda addaa Naannicha keessatti hojii qorannoofi misooma qonnaa irratti bobba'aniif haala gaheen hojii isaanii adda itti bahu mijeessuufi sirna itti gaafatamumaa mirkaneessuu.

**Kutaa Lama**

**Hundeeffama, Itti Waamama, Gurmaa'insa, Miseensota, Aangoofi Hojii Mana Maree**

6. **Hundeeffama**

1) Manni Maree Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa kanaan booda **"Mana Maree"** jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Mana Marichaa Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta'a.

7. **Gurmaa'insa Mana Marichaa**

Manni Marichaa gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Mana Maree Sadarkaa Naannoo;
2) Kilastaroota; fi
3) Sekiretaariyaatii Mana Marichaa.

8. **Miseensota Mana Marichaa**

Manni Marichaa miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa ……………………………….. Walitti Qabaa;
2) Sadarkaa Itti-aanaa Pirezidaantiitti Hoogganaa Kilastara Misooma

Baadiyyaa ……............................................................................ Itti-aanaa Walitti Qabaa;

3) Hoogganaa Biiroo Qonnaa …………………………………………….….... Miseensa;
4) Qindeessaa Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa ……….…................... Barreessaa;
5) Daareektara Qorannoo Qonnaa Oromiyaa …………………….….. Gargaaraa Bareessaa;
6) Hoogganaa Biiroo Maallaqaa …..……………………...……………………. Miseensa;
7) Hoogganaa Biiroo Pablik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa ……..…...…. Miseensa;
8) Hoogganaa Biiroo Misooma Jallisiifi Horsiisee Bulaa …….…………………… Miseensa;
9) Hoogganaa Biiroo Kominikeeshinii …………………………………………… Miseensa;
10) Hojiigaggeessaa Ol'aanaa Intarpiraayizii Sanyii Filatamaa Oromiyaa ……….. Miseensa;
11) Daareektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa To'annoo Galteewwaniifi Oomisha Qonnaan …....................................................................................... Miseensa;
12) Daareektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Saayinsiifi Tekinooloojii Naannichaa ... Miseensa;
13) Hoogganaa Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo …..…..……..……………….... Miseensa;
14) Hoogganaa Ejensii Babal'ina Waldaa Hojii Gamta …….…….…...…………… Miseensa;
15) Itti-aanaa Hooggantoota Biiroo Qonnaa Naannichaa ……...……………….…. Miseensa;
16) Boordii Gorsaa Inistitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa ..………....……… Miseensa;
17) Ministeeraafi Ministeer-Deetaa Ministeera Qonnaa ………….……………… Miseensa;
18) Daareektara Ol'aanaafi Itti-aanaa Daareektara Ol'aanaa Inistiitiyuutii Qonnaa Itoophiyaa …………………..……………………….. Miseensa;
19) Itti-aanaa Daareektara Ol'aanaa Qorannoo Qonnaa Oromiyaa …..………..… Miseensa;
20) Gargaaraa Qindeessaa Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa ……...……. Miseensa;
21) Dura Taa'aafi Itti-aanaa Dura-taa'aa Kilastarootaa ..…...………...………….. Miseensa;
22) Barreessaafi Gargaaraa Barreessaa Kilastarootaa ……….……....…………. miseensa;
23) Itti Gaafatamtoota Waajjiraalee Qonnaafi Waajiraalee Jallisiifi Misooma Horsiisee Bulaa Godinaalee ………………..…............................................. Miseensa;
24) Pirezidaantii Baankii Siinqee …..…..………………………………………….. Miseensa;
25) Daareektaroota Daareektoreetii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa………...………Miseensa;
26) Daareektaroota Daareektoreetii Qorannoo Qonnaa Itoophiyaa Naannicha Keessatti Argaman ........................................................................................ Miseensa;
27) Yunivarsiitiiwwaniifi Kolleejjota Mootummaa Naannicha keessatti hojii qorannoofi misooma qonnaa irratti hojjetan ……………………………. Miseensa;
28) Hoogganaa Biiroo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa ………………………. Miseensa;
29) Hoogganaa Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa ………………………….. Miseensa;
30) Komishinara Komishinii Karooraafi Misoomaa ………………………………. Miseensa;

31) Federeshinii Waldalee Hojii Gamtaa Qonnaan Bultoota Oromiyaa ……….…. Miseensa;
32) Daareektara Olaanaa Korporeshiinii Misooma Paarkiwwan Industirii Oromiyaa …………………………...…………………………….. Miseensa;
33) Hojii gaggeessaa ol'aanaa Inistiitiyuutii Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaafi Ittigaafatamaa Inistiitiyuutii Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa damee Oromiyaa ………..…....................................................................................... Miseensa;
34) Daareektara Qonnaa Magaalaa Oromiyaa ………..…………………………... Miseensa;
35) Ogeeyyii qonnaa olaanoo Inistiitiyuutichaan filataman ………...……….….. Miseensa; fi
36) Miseensota bu'uura qajeelfama Inistiitiyuutichi baasuun murtaa'an kan biroo.

## 9. Aangoofi Hojii Mana Marichaa

Manni Marichaa aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiwwan kilastarootaa ni hordofa;
2) Dandeettii raawwachiisummaa dhaabbilee miseensa mana marichaa ta'anii ni cimsa;
3) Ajandaan walgahii Mana Marichaa miseensotaaf akka dhaqqabu ni taasisa;
4) Bu'uura imaammataafi tarsiimoo misoomaa Naannichaatiin qabiyyeewwan qorannoofi misoomni qonnaa Naannichaatti haala saayinsawaan akka gaggeeffamuuf Mana Maree Bulchiinsaa ni gorsa; ni deeggara;
5) Qindoominaafi wal-ta'iinsa Mana Marichaafi qaamolee birootiin dhiyeessii tekinooloojiiwwan qonnaa irratti qaamota tiraanisfoormeeshiinii qonnaa keessatti gahee qaban ni gorsa;
6) Hojii qorannoofi misommaa qonnaa irratti Mootummaa ni gorsa;
7) Fedhii teekinooloojii Naannichi Tiraanisfoormeeshiinii qonnaa irratti qabu irratti hundaa'uun dhaabbilee qorannoofi misooma qonnaa Naannichaa ni deeggara;
8) Dhaabbileen qorannoofi misooma qonnaa naannichaa bifa qindaa'eefi Tiraanisfoormeeshiinii qonnaa cimsuu danda'uun hojii qorannoofi misooma qonnaa akka gaggeessan ni deeggara;
9) Fedhii tekinooloojii Naannichaatiif xiyyeeffannoo kennuun hojiiwwan Tiraanisfoormeeshiinii qonnaatiif deeggarsa ni kenna;
10) Dhaabbilee qorannoofi misooma qonnaa, yunivarsiitiiwwan, agiroo-industiriiwwaniifi fayyadamtoota bu'aalee qorannoo giddutti walitti dhufeenyi cimaan akka uumamu waltajjiiwwan adda addaa ni qindeessa;
11) Hojii isaa galmaan gahuuf hojiiwwan qabeenya walitti qabuu ni raawwata.

**10. Aangoofi Hojii Walitti Qabaa Mana Marichaa**

Walitti Qabaan Mana Marichaa aangoofi hojii armanan gadii ni qabaata:

1) Walgahii Mana Marichaa kan idilee yookiin arifachiisaa ni waama;
2) Walgahii Mana Marichaa ni hooggana.

**11. Haala Qoodiinsa Kilastarootaa**

Haalli qoodiinsa kilastaroota agiroo-ikoloojiifi sirna oomisha qonnaa irratti hundaa'uun kan raawwatamu ta'a. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**12. Kilastaroota Yaa'ii Waliigalaa Mana Marichaa Irratti Hirmaatan**

Miseensota Mana Marichaa ilaalchisee Dambii kana keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kilastaroota keessaa kanneen armaan gadii Yaa'ii Waliigalaa Mana Marichaa irratti kan hirmaatan ta'a:

1) Yunivarsiitiwwan irraa Pirezidaantii Yunivarsiitichaa, I/A/Pirezidaantii Damee Qorannoofi Hawaasummaa;
2) Giddugaleessa Qorannoo Qonnaa irraa Daareektara Giddugaleessichaafi Dursaa Garee Ekisteenshinii;
3) Godinaalee irraa Bulchaa Godinaa, Ittigafatamaa Waajjira Qonnaa Godinaalee, Itti Gafatamaa waajjira Jallisiifi Misooma Horsiisee Bulaa Godinaalee; fi
4) Miseensota bu'uura qajeelfama Inistiitiyuutichi baasuun murtaa'an kan biroo.

**13. Hojiifi Itti Gaafatamummaa Kilastarootaa**

Kilastarootni hojiifi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaatu:

1) Dhimmoota qorannoofi misoomaa qorannoon irratti gaggeeffamuu qabu adda ni baasu;
2) Yaada ka'umsaa qorannoofi hojii misoomaa rakkoo irratti xiyyeeffate ni dhiyeessu;
3) Gumee qorannoo (Propozaalaa)fi hojiiwwan misooma qonnaa ilaalchisee dhiyaatu ni xinxalu; ni mirkaneessu;
4) Bu'aawwan qorannoofi hojii misooma qonnaa ni xinxalu; ni mirkaneessu;
5) Tooftaa tekinooloojiiwwan itti daddarban ni qopheessu;
6) Qorannoofi hojii misoomaa sadarkaa dirreetti gaggeeffamu ni hordofu, gamaaggamu;
7) Dandeettii raawwachiisummaa qaamolee qorannoofi hojii misoomaa qonnaa keessatti gahee qabanii ni cimsu;
8) Hariiroon akka cimuufi beekumsi akka waliif qoodamu barattoota yunivarsiitii industiriiwwaniifi qotee bultoota waliin walitti fiduuf tooftaalee ni qopheessu.

**14. Sirna Walgahii Mana Marichaafi Kilastarootaa**

1) Manni Marichaa sadarkaa Naannoo waggaatti yeroo lama walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, Walitti Qabaan Mana Marichaa walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Kilastarootni waggaatti yeroo lama Walgahii idilee kan qabaatan ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahiin ariifachiisaan waamamuu ni danda'a.
3) Iddoon walgahii, Walitti Qabaafi Itti-aanaan Walitti Qabaa kilastarootaa marsaa marsaadhaan kan jijjiiramu ta'a.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Marichaafi kilastarootni hojmaata walgahii mataa isaanii baafachuu ni danda'u.

**15. Walitti Qabaafi Barreessaa Kilastaraa**

1) Sadarkaa kilastaraatti giddu-galeessi qorannoo muxannoo yeroo dheeraa qabu yeroo jalqabaatiif walgahii gaggeeffamu ni qindeessa; ni hooggana.
2) Ogeessi muuxannoo gahaa qabu yoo xiqqaate sadarkaa jalqabaa hojichaatti Yunivarsiitiiwwan, giddugala qorannoo yookiin haala dhimmichaa irratti hunda'uun dhabbilee biroo irraa kilastara tokkoon tokkoo isaa qindeessuuf kan ramadamu ta'ee, Barreessaa Kilastaraa ta'ee kan tajaajilu ta'a.
3) Sadarkaa Godinaatti Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Godinaa akkaataa haala caasaa Godinichaatiin Itti gaafatamaan Waajiira Misooma jallisiifi Horsiisee Bulaa Godinaa Itti-aanaa Walitti Qabaa Kilastaraa ta'ee kan tajaajilu ta'a.

**16. Aangoofi Itti gaafatamummaa Walitti Qabaafi Barreessaa Kilastaraa**

1) Walitti Qabaan Kilastaraa gaheefi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:
   (a) Walgahii kilastaraa ni waama; ni hooggana;
   (b) Kilastara ol'aantummaan ni hooggana;
   (c) Kilastara cimsuuf ni karoorsa; ni hojjeta;
   (d) Miseensota kilastaraa ni hordofa; deeggarsa barbaachisaa ni kenna.
2) Barreessaan Kilastaraa gahee hojiifi itti gaafatmummaa armaan gadii ni qabaata:
   (a) Hojiiwwan guyyaa guyyaa Kilastarootaa ni hojjeta;
   (b) Karoora bajata waggaa kilastaraa qopheessuun Mana Mareef ni dhiyeessa;
   (c) Gabaasa raawwii hojii kilastaraa qopheessuun Mana Mareef ni dhiyeessa;
   (d) Qaboo yaa'ii walgahii kilastaraafi sanadoota barbaachisoo kan biroo sirnaan ni qaba;
   (e) Haala raawwii murtiiwwan kilastaraa ni hordofa; Walitti Qabaa Kilastarichaaf ni gabaasa;
   (f) Hojiiwwan kan biroo Walitti Qabaa Kilastaraan kennamuuf ni raawwata.

## Kutaa Sadii

## Sekiretaariyaatii Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa

**17. Hundeeffama**

1) Sekiretaariyaatiin Tiraanisfoormeeshiinii Qonnaa Oromiyaa kanaan booda **"Sekiretaariyaatii"** jedhamee kan waamamu qaama Inistitiyuutichaa ta'ee Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamani Sekiretaariyaatichaa Inistiitiyuutichaaf ta'a.

**18. Teessoo Sekiretaariyaatichaa**

Teessoon Sekiretaariyaatichaa Magaalaa Finfinnee, Inistiitiyuuticha keessa ta'ee akkaataa barbaachisummaa isaatti dameewwan qabaachuu ni danda'a.

**19. Gurmaa'insa Waajjirichaa**

Sekiretariyaatichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Qindeessaa;
2) Gargaaraa Qindeessaa; fi
3) Hojjettoota biroo barbaachisaa.

**20. Aangoofi Hojii Sekiretaariyaatichaa**

Sekiretaariyaatichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Adeemsa Tiraanisfoormeeshiinii qonnaa Naannichaa keessatti qooda fudhattoota qorannoofi misooma qonnaa ni qindeessa;
2) Murtiiwwan ijoo dhimma imaammataaf murteessaa ta'an balbal'isuun Tiraanisfoormeeshiinii qonnaa naannichaa ni dadamaqsa; akka saffisu ni taasisa;
3) Kaka'umsaafi hojiiwwan raawwii tiraanisfoormeeshiinii cimsaniifi ceesisan hojii irra oolchuuf haala ni mijeessa;
4) Hojiiwwan tiraanisfoormeeshiinii qonnaa karaa qindoominaafi bu'aa qabeessa ta'een hojjechuuf, kallattii Mana Marichaatiin kaa'ame hordofuun qaamota tiraanisfoormeeshiinii qonnaa keessatti gahee qaban ni deeggara; ni qindeessa;
5) Manni Marichaa aangoofi hojii Dambii kanaan kennameef sirnaan akka raawwatu deeggarsa ni kenna;
6) Barreessaa Mana Marichaa ta'ee ni tajaajila;
7) Hojiiwwan qorannoofi misooma qonnaa sagantaalee tiraanisfoormeeshiinii qonnaa naannichaa ni qindeessa; duub-deebii ni kenna; Mana Marichaatiif gabaasa ni dhiyeessa;
8) Hojiiwwan Mana Marichaa kanneen guyyaa guyyaatti hojjetaman ni hojjeta;

9) Hojiiwwan kaayyoo sekireetaariyaatichaa galmaan gahuuf gargaaran kan biroo ni raawwata.

**21. Aangoofi Gahee Hojii Qindeessaa**

Qindeessaan aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii raawwachiisaa ol'aanaa Sekiretaariyaatichaa ta'ee ni tajaajila;
2) Kallattii Mana Marichaatiin kennamu irratti hunda'uun hojiiwwan Sekiretaariyaatichaa guyyaa guyyaatti hojjetaman ni qajeelcha; ni hooggana;
3) Karooraafi bajata Mana Mareefi Sekiretaariyaatichaa Mootummaaf ni dhiyeessa, yeroo hayyamamu hojii irra ni oolcha;
4) Sekiretaariyaaticha bakka bu'ee qaamolee sadaffaa waliin marii ni taasiisa;
5) Gabaasa raawwii hojiifi faayinaansii Sekiretaariyaatichaa qopheessuun Mana Mareetiif ni dhiyeessa;
6) Aangoofi gahee hojii isaa keessaa gar-tokkoo isaa Gargaaraa Qindeessaaf yookiin hojjettoota kanneen biraatiif bakka bu'ummaan kennuu ni danda'a.

**22. Aangoofi Gahee Hojii Gargaaraa Qindeessaa**

Gargaaraa Qindeessaan aangoofi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojiiwwan sekiretaariyaatichaa karoorsuu, gurmeessuu, qajeelchuufi qindeessuu keessatti Qindeessaa ni gargaara;
2) Hojiiwwan Qindeessaan kennamuuf kan biroo ni raawwata;
3) Bakka Qindeessaan hin jirretti bakka bu'ee ni hojjeta.

## Kutaa Afur

## Tumaalee Adda Addaa

**23. Bajata Mana Mareefi Sekiretaariyaatichaafi Haala Bulchiinsa Isaa**

1) Maddi bajataa Mana Marichaa, Sekiretaariyaatichaafi Kilastarootaa bajata mootummaan ramadu irraa ta'ee of danda'ee Inistiitiyuutii Qorannoo Qonnaa Oromiyaa jalatti kan qabamu ta'a.
2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa tokko jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, maddi baajataa biroo deeggarsaafi kennaa adda addaa irraa ta'uu ni danda'a.
3) Haalli bulchiinsa bajata Mana Marichaa akkaataa seera bulchiinsa faayinaansii mootumaatiin ta'ee, gaheen kilastarootaa Sekiretaariyaatichaan kan qoodamu ta'a.

**24. Aangoofi Hojii Inistitiyuutichaa**

Aangoofi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Inistitiyuutichi:

1) Sekiretaariyaatichaaf haala hojii ni mijeessa;
2) Seera hojjettoota Mootummaa Naannichaa irratti hundaa'uun hojjettoota Sekiretaariyaatichaa ni qacara; ni bulcha.

**25. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa kennuuf qaamni kamiyyuu dirqama qaba.

**26. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiifi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessaan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti haammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**27. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachisuuf Inistiitiyuutichi qajeelfama baasuu ni danda'a.

**28. Guyyaa Dambichi Hojjiirra Itti Oolu**

Dambiin kun **Bitootessa** guyyaa **23 bara 2014** irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.

**Shimallis Abdiisaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Bitootessa guyyaa 23 bara 2014**